geeffamani akka dhaqna hin qabamne gargaara. Kanaafu dhorkaan miidha fedha fooni kuni nama lammi Norwey ta'e fi nama biyya Norwey keessa jiraatu kan dubartin tokko dhaqna qabe ykn biyya amba deemte dhaqna akka qabattu godhe ykn gocha isa irratti hirmaate hunda ilaala.

## ODEEFFANNO [INFORMATION] CAALMAN ARGACHUF

> Gaggeeffama hojjetota egumsa fayya biyya Norwey kan dhaqna qabaa dubaree ilaalu (wajjira egumsa fayya kan mootumma tiin qopha'e. Lak. IK-2723 gaafatamu danda'ama).
> Karoora tarkaanfi miidhaa qaama fedha fooni irratti fudhatamu ilaalu (Minsteera ijoolle fi maati biraa gaafachuu danda'ama).

Minsteera hawaasaa fi egumsa fayyan qopha'e
Waajiroonni motumma teesso harmaan gadii gaafachun warabbi heddu argachu danda'u:

Statens forvaltningstjeneste
Informasjonsforvaltning
Postboks 8169 Dep, 0034 Oslo
Faksi: 22 24 27 86
E-teesso: publikasjonsbestilling@ft.dep.no
Lakkofsa gaaffi: I - 1053 OM

# Barrule odeeffanno kan seera miidhaa qaama fedha fooni dhorku ilaalu

SOSIAL- OG HELSEDEPARTEMENTET

## SEERA GAAFA SADAASA 15$_{FFAA}$ BARA 1995 BA'E LAKK. 74, KAN MIIDHA QAAMA FEDHA FOONI DHORKU.

**§ 1.**
Namni tokko beeka qaama fedha fooni dubartti kuutun miidha geessisu ykn geedarama kan foyyi'amu hin dandeenye fedha fooni ["sexual organ"] qaqqabsisu, seera miidha qaama fedha fooni irratti dhaqna qabaan geessisu (afaan Inglizitti "Genital mutilation" kan jedhamun) adabama. Adabbin isas hidha amma wagga sadi (3) ga'u ta'a. Garuu yoo dhaqna qabuun suni dhukkuba ykn dalaga dadhabbi kan torbe lama caalu nama sana irraan ga'era ta'e ykn miidhama ykn nafina deebi'e hin fayyine qaqqabsise, hidha amma wagga ja'a (6) ga'u adabsisa. Yoo miidhamni suni lubbu dhabina (du'a) ykn midha naafina qaamaa qaqqabsiise, hidha amma wagga saddet (8) ga'un adabsisa. Dalaga jalla kana keessatti qooda fudhachinis adaba wal-fakkatu nama irraan ga'a.

Qaama fedha fooni dhaqna qabuun deebisani foyyessu yaalun akkata kutaa tokkoffa irratti caqafameen adabsisa.

Wali-galteen gochuun [heyyama abba dhaqna qabamu irraa argachuun] adaba irraa nama hin egu (hambisu).

**§ 2.**
Guyyaa mootin biyya murteesse irraa kaase seerri kuni jiru irra ola.
Gaafa Amajji 1$_{ffaa}$ bara 1996 jiru irra oleera.

## KAAYYO SEERA KANA

Kaayyon seera kanaa, qaama fedha fooni dubare kutu dhaan miidha geessisun Norwey keessatti dhorka ta'u isaa ifa gochu dha. Seerchi gocha dhaqna qaba dubarti dhorka. Sababa dhaqna qabuun qaama fedha fooni dubare tokkoo kutuun qaama ishe irratti miidha waan fiduf akka seera biyya Norwey itti fudhatamu hin danda'u. Dhaqna qabuun yeroo kam iyyuu Norwey keessatti dhorka ture. Garuu, qaama fedha fooni dubare dhaqna qabu dhan miidha geessisuu ilaalchise seera mata isaa danda'e baasun ergaa seerchaa ifa gochu danda'ama. Seerchis abboo qabeeyiin biyya Norwey dhaqna qabaa dubare irratti dhabbi qabani calaqqisisa.

## JECHA YAADA "QAAMA FEDHA FOONI NAAFFISU" JEDHU

Seerich yaada [concept] "qaama fedha fooni naaffisu" jedhu itti fayyadama. Yaadni kunis walda (jaarma) egumsa fayyaa addunya fi waldoota addunya gar-biro warra hoji nanno egumsa fayya irratti boba'an biratti yeroo baayee itti fayyadamama. (Afaan inglizitti "Genital mutilation" jedhame moggafama). Jechi "qaama fedha fooni naaffisu" jedhu kuni dhaqna qabaan midha attami akka fidu hubachisa. Ergaan yaada kanas dubare dhaqna qabuun ballessa akka ta'e agarsisu dha. Kanaafu, dhaqna qabaan dubartii dhaqna qaba dhiraa irraa gara-garumma qaba. Dhira tokko dhaqna qabuun waan amanti yookan ada irraa ka'ame godhamu yeroo ta'u, nageenya irratti waan bala fidu kan beekameeru hin jiru.

## QAAMA NAMAA KUTU KAMITU SEERA KAN JALATTI ILAALAMA?

Dhorakan seeraa kuni qaama dubare maqa dhaqna qabuun kutaman warra fedha fooni ishee irratti miidhama ykn geedarama fidu (dhuumu) danda'an gosa hundaa dabalata. Kunis dhaqna qabu kan yeroo heddu godhamani jechun qama fedha fooni irraa kutani gatuu fi qaawwa fedha fooni hodhu (lilmu) irraa kaase amma hundi yookan walakkan qinxirabaa [clitoris] kutame gatamu ilaala. Qaawwa fedha fooni sana deebisani hodhunis, fakkenyaf akka yeroo da'umsa (mucaa dhalu) booda, dhorka dha. Haa ta'u male garuu, dhuumama fedha fooni iddo isatti deebusuf jedhame qalani-tolchun danda'ama. Dhorkan kuni waan karaa egumsa fayya dhan sababa'e [medically justified], fakkenyaf waan akka yeroo muca dhalattu fi dhukuba naqarsaf jedhame walakaa qaama fedha fooni kutani gatu kan ilaalan irratti takkalla (dhorka) hin dhuumu. Dhibde qaamaa waan nama duuka dhalate qajeelchu fi akkasumas saala jijjiruf waan godhamani seerri kuni hin dhorku.

## DHORKAN KANAAN ENYUTU XUQAMA?

Adabbin (dhorkan) kuni kan ilaalu nama qaama fedha fooni dubare kutu ykn dhaqna qabu hunda ilaala. Namni tokko mataan isa yoo gochu baate illee, miidha fedha fooni irraan ga'u irratti gargaarun dhorka dha. Kanaafu warri ijoolle ykn gar-biroon yoo dubaren isaani akka dhaqna qabattu tattaffi (gargaarsa) godhani adabamu qabu. Dhorkan kuni dubaren dhaqna qabatte hayyama ishe lattes lachu battes namicha dhaqna qabe sana ilaala. Dubaren suni mataan ishe hin adabamtu.ku.

## DHAQNA QABA BIYYA AMBA ITTI GODHAMU

Seerchi waan biyya Norwey fi biyya amba keessaitti godhamu hundaa ilaala. Kuni ijoollen tokko biyya gar-biraa iddoo dhaqna qabaan bal'inan ta'utti